Kutaa 2

Barattuu Cimtuu

Dubbisa 11

Barattuu Cimtuu

Dubbisa 11 | Kutaa 2

Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Dambaliin barattuudha. Yeroo mara hojii ishee tartiibaan hojjetti. Ganama subiin hirribaa kaati. Sanaan booda, mana boolii deemti.

Dambaliin mana booliitii deebitee harkaafi fuula ishee saamunaan dhiqatti.

Itti aansuun, yuunifoormii ishee uffattee qophoofti.



Itti fuftees, ciree ishee nyaatti.

Kana booda, daawitii keessatti of ilaaltee dabbasaa ishee sirreeffatti.



Dhumarrattis, dabtaraafi kitaaba ishee fudhattee manaa baati.



Sanaan booda, Dambaliin hiriyoota ishee waliin gara mana barnootaa deemti.

Dambaliin Kabaja sirna alaabaarratti yeroodhaan argamti. Kunis, guddaa ishee gammachiisa.



Dambaliin sirni alaabaa xumuramnaan daftee daree seenti. Barumsa ishees sirriitti hordofti.

Dambaliin waan barachaa oolte manatti yeroo galtu ni qu'atti.



Kanaafuu, kutaa ishee keessatti yeroo baay'ee qaphxii olaanaa galmeessistee badhaasa argatti.

Dubbisa dubbisterratti hundaa'uun gaaffii deebisi.

1. Hojiin Dambalii maali?
2. Dambaliin akkamiin qulqullinashee eeggatti?
3. Dambaliin ganama yeroo hirribaa kaatu maal hojjetti?
4. Ati akka Dambalii ta'uuf maalfaa raawwachuu qabda?

Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

a.	ga-na-maan → ganamaan
b.	dab-ba-saa → dabbasaa
c.	fu-dha-chuun → fudhachuun
d.	hi-ri-yoo-ta → hiriyoota
e.	ba-rum-sa → barumsa

Barattuu Cimtuu

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan

Dubbisa 1	Fakkeenyummaa Gaarii
Dubbisa 2	Halluuwwan Uffataa
Dubbisa 3	Leencaafi Waraabessa
Dubbisa 4	Qonnaan Bultoota Cimoo
Dubbisa 5	Qamaleefi Leenca
Dubbisa 6	Namicha Gowwaa
Dubbisa 7	Maatii Gargaaruu
Dubbisa 8	Qulqullina Eeggachuu
Dubbisa 9	Bineeldota
Dubbisa 10	Meeshaalee Manaa
Dubbisa 11	Barattuu Cimtuu
Dubbisa 12	Nyaata Aadaa
Dubbisa 13	Walqixxummaa
Dubbisa 14	Barataa Qaxalee
Dubbisa 15	Eenyu Haafuudhuu?
Dubbisa 16	Goota Magariisaa

USAID
UJJIMATA AMERIKAA IRAA